

# Ethio-SHEP

# Paakeejii xiqqaa Hojjechiisu

**Pirojektii Ethio-SHEP tti Tooftaa Hojmaata Gabaa buúreefate gaggessuuf Adeemsa duraa duubaan hordofamuu qabuuproach**

SHEP

# Ethio-SHEP

## Paakeejii xiqqaa Hojjechiisu

# Gabatee Baafataa


Haalaa Waliigalaa ---------------------------------------------------------i

Kaayyoo kitaba gabaabduu kanaa ---------------------------------------- v

1. Leenjii leenjistootaa Qorannoo Gabaa irratti kennamu qindeessuu -- 1
2. Shaakallii qorannoo gabaa gaggeessuu ------------------------------ 4
3. Midhaan Irratti Xiyyeeffatamu Filachuu -----------------------------10
4. Sagantaa facaasa omishaa fi baajeta barbaachisu karoorsuu ------ 15
5. Leenjii maasaa qonnaan bulaa Keessaa Gaggeessuu   --------------- 18

Dabalata  Sagantaa salphaa --------------------------------------------- 22


# Haalaa Waliigalaa

Pirojektiin “SHEP” tooftaa ilaalchaa qonnaan bulaa qabiyyee xixiqqaa omisha Kuduraa fi Muduraa irratti bobbaánii “omishanii gurguruu” irraa gara “gurguranii omishuutti” jijjiruuf dursa biyya Keeniyaatti dhaabbata gargaarsa addunyaa biyya Japanii fi mootummaa Keeniyaatin kan hundaédha. Tooftan SHEP kun galii qonaan bultoota omisha Kuduraa fi Mudura gaggesanii dacha lamaan guddisuudhan baayée milkaáadha. Milkaínni kun kan argame immoo hojiilee gurguddoo akka qorannoo gabaa, filannoo midhanoota omishamanii, sagantaa omishaa waliin qopheessuu, baajeta karorsu fi leenjii teeknika hojii qonnaa kennudhan ture.

Milkaaína pirojeektii kanaa mirkaneefachuudhan, tooftaan pirojeektii “SHEP” kun biyyoota Afirikaa 30 fi waliigala akka addunyaatti immoo biyyoota 50 keessatti babalátee argama.
Biyya keenyatti, pirojeektiin kun qonnan bulaa qabiyyee xixiqqaa omisha kuduraa irratti bobbaánii of dandeesisuudhaf bara 2017tti kan hundaée yammu taú kenniinsa tajajila exteenshinii mootummadhan kennamu keessatti adeemsi gabaa buúreefate akka itti galu taasisee jira.

# Funca duudhaa guddachuu feedhii nyaataa kuduraalee jajjabeessuu

Pirojeektin “Ethio-SHEP” kan irratti xiyyefatu dandeettii kenniinsa tajaajila eksteenshinii mootummaa gabaa irratti hundaé qonnaan bulaa irratti xiyyefatameef guddisuudha. Biyya Itoophiyaatti, qonni qonnan bulaa qabiyyee xixiqqaa irratti gaggefamu %80 lafa qotamuu fi omishaa ni hammata. Kun kan agarsiisu, ilaalcha qonnaan bulaa “omishanii gurguruu” gara “gurguruuf omishuu” jijjiruun dhiéessa omishaa itti fufiinsa qabu gabaa keessa akka jiraatu ni dandeesisa. Bakka dhiéessi meeshaalee dheedhii itti fufiinsa qabu hin jirretti warshaalen omisha qindeessan hojii isaanii haalaa guutuu taáan gaggessuu hin dandaán. Kanaafuu, ilaalchi qonnan bulaa qabiyyee xixiqqaa irratti omishanii akka gabaa irratti hundaú gochuudhan dandeettii isaanii ijarun diinagdee biyyaa guddisuuf buúra kaúudha.





Fakkii 1. Pirojeektiin "Ethio-SHEP" Funca dhuudhaa feedhii nyaataa hoortikaalcharii ni jajjabeessa

# Mul'ata mootummaa Itoophiyaa fi akkataa pirojeektii "Ethio-SHEP" hordofu

Mulátni mootumma Itoophiyaa, bara 2025tti biyyattii biyyoota galii giddu galeessaa qaban biraan gahudha.Karoora guddinaa bara 10 (2021-2030) kana keessattis kenni tajaajila eksteenshinii qonnaa gahee bakka hin buune qaba. Muláta kana galmaan gahuuf mootummaan Itoophiyaa Paarkii Warshalee omisha qonnaa qindeessanii naan-nolee adda addaa keessatti hundeessee jira.


Akkaatan hojmaata pirojeektii "Ethio-SHEP" qonnaan bultootni omishuun dura carraa gabaa fooyyee akka adda baafatan ni jajjabeessa. Kun immoo qonnan bultoota qabiyyee xixiqqaa irratti omishaniif carraa gabaa magaala naannoo isaanitti argamanii keessatti uumuu bira darbee kaampanota omisha qindeessanii fi daldalan waliinis walitti hidhamiinsa ni uuma. Kanaafuu, akkaatan hojmaata pirojeektii "Ethio-SHEP" qonnan bultoota qabiyyee xixiqqaa irratti omishaniif kaampanota dhuunfaan kanneen paarkii Agro-Industirii dabalatee akka walitti hidhamiinsan hojjetan riqicha taáee ni tajaajila. (Fakkii. 2)



Fakkii 2. Hojmaatni pirojeektii "Ethio-SHEP" riqicha qonnaan bultootni carraa gabaa jiran maraan walitti hidhamiinsa uumudha.

# Jijjirama hojii keessa galuu pirojeektii "Ethio-SHEP" tiin dhufe


Hojii keessa galuu pirojeektii "Ethio-SHEP" tiin, ilaalcha qonnaan bulaa irratti jijjiramni guddaan mulátee jira. Qonnaan bultootni tokko tokkoo lafa qaban keessa muraasa isaa omisha kuduraa yeroo gannaa omishaniif hambisuu jalqabanii jiru (Fakkii 3). Qonnaan bultootni biro buufata biqiltuu dursanii qopheesuudhaan kuduraa yeroo dur beekan dursanii omishuudhan omisha kuduraa yeroo gabaa gaariin jirutti gatii fooyyaátti gurgurachuu jalqabanii jiru. Buúrri jijjirama ilaalcha qonnaan bultootaa kun kan dhufuu dandaé, pirojeektii "Ethio-SHEP" hojii heddu duraa duuban hojjechuu isaatiin. Kana irraa kan kaés qonnaan bultootni misooma kuduraa gaggessuudhaaf qabeenya jiru mirkaneefatanii jiru, Kun immoo hojiitti akka balínaan galan gochuudhan kakaúmsa guddaa uumee jira. Qonnaan bultootni ofii isaaniitiin qorannoo gabaa gaggessuudhaan, fedhii gabaa beekanii omishnaan, omisha kuduraaf fedhiin guddaan akka jiru hubatanii jiru.



Fakkii 3. Qoteebultoni "Ethio-SHEP" sagantaa facaasaa isaani siresaniru.

# Voice on the Ground

“Rakkoolee omishaa qonnaan bultootni akka aanaa keenyatti jiru yammuu kaasaan ergan dhaggefadheen booda akka ogeessatti baayéen qaanaé. Ani yeroo baaýee ‘rakkoon ijoon misooma kuduraalee gabaa akka ture kaasaan ture. Haataú malee rakkoon guddaan naannoo qulqullina eeguu, qophaa qophaatti gurguruu, fi yeroo gabaan barbaadutti dhiéessuu dhabuu gama qonnaan bultootaa fi ekispartoota bira akka jiru mirkaneefachuun dandaámee jira.”



Ogeessa Ekisteenshinii

“Pirojeektiin kun osoo hojii hin eegalin dura qonaan bultoota muraasatu misooma kuduraa keessa galee gabaaf dhiéessaa ture. Anis maasaa maatii keenyaa muraasa irratti misooma kuduraa hojjechan ture. Yeroo ammaa garuu hubannoon qonnaan bultootaa sochii pirojeektin kun gaggessen waan guddachaa dhufeef irra caalli jiraatota naannoo lafa kuduraan irratti misoomu babalísuu irratti argamu. Rakkoon akka naannoo keenyatti ture hanqina hubannoo fi muuxannoo misoomaa fi gabaa omisha kuduraati. Bara darbe, muuxannoo waljijjiruu naannoo omisha guddaa gaggessan waliin pirojeektin kun nuuf mijeesse, kakaúmsa guddaa nu keessatti uumee jira.Bara 2019tti anii fi Obboo Maabiraaten omisha guddaa omishuudhan daldaltoota jimilaatiif konkolaataa ISUZU dhiéesinee turre. Ani akka kootti doqdoqqee kana bitadhee, hojii qonnaa koo ittiin gaggessan jira. ”



Obboo Zalaalam (26)

# Kaayyoo kitaba gabaabduu kanaa


Akkaata hojmaata pirojeektii "Ethio-SHEP" tiin hojiilee dandeettii guddisuudhan qonnaan bulaa onnachiisan ofeegganoodhan irratti hojjetamuu qaban haala armaan gaditti ifee jira: Tarkaanfii1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu, Tarkaanfii 2. FHubannaa qonnaan bulaa guddisuu, , Tarkaanfii 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu, Tarkaanfii 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu.

| Tarkaanfii Arfan | Hojiilee |
|---|---|
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu | - Ka'umsa qu'annoo hirmaachisaa raawwachuu<br>**- Qu'annoo gabaa gaggeessuu** |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | **- Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu**<br>**- Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu**<br>- Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggessuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | **- Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarame kennuu**<br>- Waa'ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu<br>-Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti)<br>- Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu'annoo dhumaa dabalatee) | |

Fakkii 4. Tarkaanfiilee barbaachisaa 'Ethio-SHEP'

Omisha gabaa buúreefate mirkaneessuu irratti ogeessa fi qonnaan bulaa deggeruuf pirojeektin kun qajeelfama hojii paakeejii qindaáa "Barruu qajeelfama hojiirra olmaa Paakeejii Qindaáa Ethio-SHEP" jedhamu qopheessee jira. Baruun qajeelfama Paakeejii kanaa adeemsa ekisteenshini gutuu raga bu'uraa fi raga dhumaa, dawanaa muxannoo waal jijiiru, forami walitihidhaaminsa gaba kkf. Hata'u malee qodafudhatoota irraa wanti ka'e jira kunis pakejii gutuu hojii irra olchuuf hanqinaa bajataa fi humna namaatu jira. Kanaa ilaaluu dhaan, gareen projectii pakejii gutuu irraa hojiwaan barbachisaa ta'an chunfee, kunis ogesoota ekistenshini qotee bultooni qonnaa akka daldalaati akka shakalaan yaada araarsu taa'a.

Dandeettii qonnaan bultootaa gara qonna gabaa irratti hundaé irratti ijaaruuf, utubaalee ijoo sadii leenjii walduraa duubaan kennamaniin keessatti cimuu qaban jiru. Isaanis dandeettii daldalaa gaggessuu, gabaa fi oomishaati. (Fakkii 5). Dhimmoota ijoo kana guutummaatti ilaaluuf, gareen pirojektichaa hojii teeknikaa wagga jahaaf gaggessee haala qabatamaa jiruun meeshaalee leenjii qopheesse jira. Barrefamni qajeelfama hojii kun akkaataa leenjii mata dureewwan ijoo kanaa ekspartoota ekisteenshinii ittiin gaggeeffamu, akkasumas leenjii Ethio-SHEP qonnaan bultootaaf yeroo hojiirra oolchinu meeshaalee qophaa'an akkamitti akka itti fayyadaman ibsa kennuu irratti  kan xiyyeeffatuudha.




Fakkii 5. Qonnaittin jireenyaaf gaggefamu gara qonnaan bultoota Gabaa buúreefatanii omishanitti jijjiiruuf utubaawwan ijoo sadii

## Qabiyyee kitaba gababduu kanaa

Kutaan 1ffaan akkaataa qorannoo gabaa leenjii leenjistootaa qindeessuun ogeesota ekisteenshinii ittiin leenjisuun danda'amu ibsa. Qorannoon gabaa maaliif qonnaan bultoonni ofii isaaniitiin akka gaggeesan hubannoo gahaa uumuudhan shaakala qorannoo gabaa dhugaa gaggeessuudhan hojii qabatamaa keessa galchuun ni gorfama. Workshopiin kana yoo xiqqaate walakkaa guyyaatti gaggeesuun ni danda'ma; haa ta'u malee, hirmaattonni unkaalee sadanitti fayyadamuun baratanii akkataa adeemsa gabaa irratti xiyyeeffate pirojeektii “Ethio-SHEP” haala bu'a qabeessa ta'een hojiirra oolchuu akka danda'aniif jecha yeroo fi baajata gahaa qabachuudhan workishooppii kana guyyoota sadiif gaggeessuun barbaachisaadha.


Kutaa 2 hanga 4tti kan jiru, haalaa hojjettoonni ekisteenshinii leenjii qabatamaa qonnaan bultootaaf kennamu akkamitti qindeessuu akka qaban ibsa. Kitaabni qajeelfamaa kun qindeessitoota workishooppiif odeeffannoo gabaabaa kennuudhaaf kan qindaa'edha. kanaafuu “Qajeelfama Raawwii Itiyoo-SHEP” kan odeeffannoo guutuu kennu eeruun leenjifamtonni akka fayyadaman gochuun barbaachisaadha.

Xumura kitaaba qajeelfamaa kana irratti samudni sagantaa leenjii ta'anii jiru, kanaafuu, qindeessitoonni yeroo workishooppii fi leenjii qabatamaa gaggeessan sagantaa kana ilaalun barbaachisaadha.

# Leenjii leenjistootaa Qorannoo Gabaa irratti kennamu qindeessuu

# 1





Akkataa armaan gadii sadarkaa sadarkaan taae hordofaa

**Kutaa**

**1**

Walakkaa guyyaatiif

# *Qorannoo gabaa qindeessuu*

## *Leenjii leenjistootaa gaggessuu*

### Kaayyoowwan

Kaayyoon leenjii leenjistoota kun akkataa adeemsapirojeektii “Ethio-SHEP” gabaa irratti xiyyeeffatu hojiirra oolchuuf qorannoo gabaa, filannoo midhaanii, sagantaa omishaa qopheessuu fi leenjii dirree irratti gaggeessuudhan beekumsaa fi dandeettii kennuudha.

### Tarrefama qabxiiwwan guguddoo

Leenjiin kun hojiiwwan gurguddoo sadii (qorannoo gabaa fi filannoo midhaanii, sagantaa omishaa qopheessuu fi leenjii dirree irratti kennuu) of keessaa qaba. Haa ta’u malee, qabeenyaafi dandeettii waajjirri qabu irratti hundaa’uudhaan hojiiwwan kam raawwachuun akka dandaámu murteessuun barbaachisaadha.

### Adeemsa Raawwii

**Sadarkkaa 1** *Eenyu*

Aaanalee fi gandoota leenji'an filachu. Lakkoofsa hirmaattotaa murteessuu.



**Sadarkkaa 2** *Yoom*

Sagantaa leenjii fi guyyaa murteessuu.



**Sadarkkaa 3** *Eessatti*

Qorannoo gabaa yoo gaggesita taé, iddoon leenjichi itti gaggeeffamu bakka gabaatti dhihoo jiru ta'uu qaba.





**Sadarkkaa 4** *Maal irratti*

Sagantaa leenjii fi qabiyyee isaa irra deebiúdhan ilaaluu. (unka 1 hidhame ilaali)



**Sadarkkaa 5** *Akkamitti*

Leenjistoota leenjii kana kennuu danda’an qopheessuu. Ogeessota qorannoo gabaa & filannoo midhaanii, sagantaa omishaa qopheessuu fi leenjii dirree irratti kennuu dabalatee hojiilee biro pirojeektii “Ethio-SHEP” gaggeessuu irratti muuxannoo duraan qaban affeeruu barbaachisaadha.



## Sagantaa fi qabiyyee leenjii qopheessuu

☐ Saamuda sagantaa fi meeshaalee fakkeenyaa walitti qabame ilaali. Sagantaan kun baajata fi sagantaa keessanii wajjin akka walsimutti fooyya'uu danda'a.

☐ Bakki leenjiin kun itti gaggeeffamu bakka shaakala qorannoo gabaa itti gaggeessitu naannoo gabaa ta'uu qaba.

☐ Meeshaalee leenjii pirojeektii "Ethio-SHEP"tti fayyadamuudhan leenjicha gaggeessuu ni dandeessu. Haa ta'u malee, yoo barbaachisaa ta'e, qooda fudhattoota dhimmi ilaallatu biroo irraa deeggarsa gaafachuu ni dandaáma.






# 2

# Qorannoo gabaa gaggessuu



Akkaataa armaan gadii sadarkaa sadarkaan taaie hordofaa

Kutaa 2

Walakkaa guyyaatiif

# Shaakallii qorannoo gabaa gaggeessuu

## Kaayyoowwan

Kaayyoon qorannoo gabaa pirojeektii “Ethio-SHEP” tiin gaggefamuu inni guddaan qonnaan bultoonni qormaata akkamii qooda fudhattoonni gabaa akka isaan mudatuu fi daldaltoonni jumlaa, abbootiin qabeenyaa, daldaltonni qinxaaboo qonnaan bultoota irraa maal, yoomii fi hangam bitachuu akka barbaadan beekuudhaan muuxannoo harkaa akka horatan kan jajjabeessuudha.

## Tarrefama qabxiiwwan guguddoo

Bakka bu’oonni qonnaan bulaa gareewwan qonnaan bultootaatiin filataman leenjii kana irratti argamuun qorannoo gabaa akkaataa itti gaggeeffamu ni leenjiú. Leenjiin kun (1) ibsa akkaataa qorannoo gabaa itti gaggeefamuu fi (2) qorannoo gabaa qabatamaa gabaa naannoo irratti gageessuu of keessatti qabata.

## Adeemsa Raawwii

### Sadarkkaa 1 *Eenyu*

Waajjira daldalaa qunnamuud-haan maqaa fi lakkoofsa bilbilaa nama itti gaafatamummaa qabu gabaa qorannoon itti gaggefamuu fudhachuu.



### Sadarkkaa 2 *Yoom*

Itti gaafatamaa gabaa qorannoon itti gaggefamuu fi daldalaa jimlaa irraa hayya-maa fi beellama fudhachuu.



### Sadarkkaa 3 *Eessatti*

Qorannoon gabaa kun yeroo midhaan filatame balínaan gabaatti dhiáatu gaggeef-famuu qaba.




### Sadarkkaa 4 *Maal irratti*

Midhaan qorannoodhaf filata-man tarreessuu (qorannoo tokkoof midhaan 5 ni gorfama). Kaayyoon qorannoo gabaa gaggessuu fi gaaffilee gaafata-man daldaltoota jimlaatiif ibsamuu qaba.



### Sadarkkaa 5 *Akkamitti*

Gabaan kuduraalee balínaan ganama waan gaggefamuuf bariidhan gabaa deemuudhaan haala jiru daaww’achuun barbaachisaadha. Haa ta’u malee, yeroon ganamaas yeroo hojiin itti baay’atu taphattoota gabaa waan ta’eef, daldaltoota jimlaa, abbootii qabeenyaa, fi daldaltoota suuqii waliin yeroo isaan-itti tolu daawwachuuf akka dandaámu irratti mari’achuun waliigaluu gaafata.



## Garee ijaaruu

☐ Hirmaattota garee xixiqqootti qooduu. Garee tokkoo keessatti naannoo nama 5 salphaatti qorannicha gaggessuuf filatamaadha.

☐ Miseensota garee gahee hojii akka qooddatan gafadha qindesaa, yeroo kan toatu, ragaa kan qabatu fi gaafii kan gaafatu.

| Lakk | Gahee | Itti gaafatamummaa |
|---|---|---|
| 1 | Geggeessaa hirmaatotaa | Qorannoon gabaa kun hundi nagaan xumuramuu mirkaneefachuu. Namota gaafatamaniif yaada baniinsaa fi guduunfaa qorannichaa kennuu |
| 2 | Nama gaaffii fi deebii gaggessu | Tokkoon tokkoon gaaffii nama gaafatamuu gaafachuu |
| 3 | Yaadannoo nama fudhatuu | Unka gaaffilee guutaa |
| 4 | To'ataa Yeroo | Gaafatamtootni akka gaaffiin itti fufu yoo hayyaman malee daqiiqaa 15 keessatti gaaffilee dhiéessudhaan xumuruuf yaali. Maamiltoonni yoo bittaa dhufan gaaffii gaafachuu dhaabuu. |

## Dhimmoota Hojiirra Oolmaa keessatti gorfaman

☐ Qorannoon gabaa kun kan kaayyefatu; gatii gabaa qofa irratti osoo hin taane qulqullinaa fi baay'ina oomishaa barbaadamuu, jijjiirama gatii gabaa fi baay'ina yeroo sanitti gurguramuu, haala kaffaltii fi kkf irratti odeeffannoo walitti qabuu irratti xiyyefata.

☐ Yammuu qorannoo gabaa kun gaggeeffamu qonnaan bultoonni daldaltoota jimlaa, abbootii suuqii, daldaltoota qinxaaboo waaée gabaa irratti waliin mari'atan waliin hariiroo daldalaa akka uuman ni jajjabeeffamu.

☐ Qonnaan bultoonni qorannoo gabaa yoo xiqqatee yeroon bonaa osoo hin seenin fi omisha kuduraalee osoo hin jalqabin ofii isaanii tiin itti fufiinsan gaggessuu akka qaban hubachiisuu.

Nuti qonnaan bultoota biroo waliin mari'achuun kallattiidhan gabaatti waliin gurgurachuu dandeenya. Har'a daldalaan jimlaa kun bara dhufutti konkolaataa fe'umsaa Isuzu erguudhan omisha keenya akka bitu irratti walii galle. Amma waa'ee gabaa hin yaaddofnu.



Omisha shunkurtii diimaa qulqullina qabu baayínaan yoo dhiéesitan nuti immoo bitachuuf gammachuu guddaatu nutti dhaga'ama.
Garuu qonnaan bultoonni baay'een isaanii omisha gahaa konkolaataa fe'umsaa Isuzu keenya guutuu dandaú hin qaban.

## Qaawwa qonnaan bultootaafi qooda fudhattoota gabaa jidduu jiru guutuu



Qonnaan bulaa

Kuduraaleen baay'een gabaa irraa naannoo baay'ee fagoo irraa akka dhufaan hin beeknu ture. Yoo nuti waliin taanee omishne gareedhan gurguruudhaan konkolaataa ISUZU guutna yoo taé, daldaltoonni jimlaa omisha kuduraalee keenya bitachuuf fedhii qabu.

↔

Qonnaan bultoonni naannoo kanatti argaman raafuu baay'inaan oomishaa akka jiran hin beeknu turre. Yeroo baayyee oomisha isaanii dhuunfaan waan gurguraniif, akka waliin gurguran gorsaa turree jirra. Haala kanaan kallattiidhan isaan irraa bitachuu dandeenya.

Nuti kanaan dura qulqullina oomishaaf ofeeggannoo hin taasifnu turre.Kana malees, bu'aa keenya waan qoodaataniif karaa dallalaas gurguruu hin jaallannu ture. Amma daldaltoonni jimlaa karaa dallaloota-atiin kuduraalee bitachuu akka fedhan hubadheera; kunis sababa nuti kanneen gaarii hin taane jala keshaatti walitti makne waan dhiéesinuuf. Yaada kana kana gareewwaniif ni qooda.

↔

Kuduraa karaa dallalaatiin bitachuu ni jaallatna, sababiin isaas dallaltonni sassaabuu fi sadarkaa kennuu danda'u. Garuu marii har'aatiin qonnaan bultoonni omisha addaan baasuu fi sadarkaa kennuu irratti waliigalanii jiru. Kanaafuu, gatii fooyya'aa dhiyeessuu dandeenya. Yoo isaan sadarkeessuu baatan, sadarkeessu qacaruu qabna.

Qonnaan bultoonni ulfaatina omisha mosee dabaluudhaf hanga sassaabmuutti bishaan jallisiin waan obasaniif omisha keenya bitachuu hin barbaannu jedhan. Rakkoo kana ofumaaf uumne. Oomisha keenyaaf gatii gadi aanaa qofa maaliif akka kaffalan hubachuu dandeenyee jirra.

↔

Qonnaan bultoonni rakkoo keenya hubachuu isaaniitti gammadeera. Naannoo keenyatti dhiéenyatti waan omishanii fi baasii geejjibaa keenyaas qusachuu waan dandeenyuf mosee qulqullina fooyya'aa qabu gurgurtaaf yoo dhiéessan isaan irraa bitachuuf fedhii qabna.




Qooda fudhattoota gabaa

**Unka** - Gaaffiilee qorannoo gabaa

Gaaffiileen qorannoo gabaa fakkeenyaaf oolan kanneen as irratti mulátaniidha. Qonnaan bultoonni gabatee armaan gaditti mul'atu guutuudhaan alatti odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an biroo isaaniif gaarii ta'a jedhanii yaadan akka walitti qaban ni jajjabeeffamu. Haala kanaan odeeffannoo argatan bakka duwwaa unka gaaffilee keessatti akka guutan agarsiisun barbaachisaadha.

Yaadannoo:
Qonnaan bultoonni bakka bu'ootni qorannoo gabaa gaggessan buáa qoranichaa yammu hawaasaa naannootiif qoodaniif, miseensonni biroos booda akka shaakalan akkaataa itti gaggeefamu hubannoo kennuu qabu.

## Boca Qorannoon Gabaa Ittii Gaggeefamu

Guyyaa :_____/_____/_________

Naannoo:________________________ Godina:_________________

Aanaa:________________________ Maqa garee:_________________

| Maqaa Daldalaa fi lakkoofsa bilbilaa | Maqaa fi Gosa oomisha | Qulqullina oomisha fi ulagaa gabaa. | Yeroo (Waqtii) oomishni baayyee gabaattii barbaadamu | Hanga barbaadamu (Kgn) Yoom akka barbaadamu (guyyaa guyyaan ykn Torbaniin) | Baka ittii oomis haamu | Gatii Kiiloon tokkoo itti bitamu ETB/kg) | Haala kafaltii ittiin kafalamu | Yeroo kafaltii | Yeroo bittaa fi gurgurtaa rakoollee qunaman | Fedhiin Daldalaa Garee kana irraa oomishaa bituuf jiru |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |

## Fakeenya Gaafilee Qorannoo Gabaa

Guyyaa : ______ / ______ / __________ Naannoo: ____________________

Godina: __________________ Aanaa: ____________________

Qorannoo gabaa kan Hojate (Maqaa Qonnaan Bulaa baka Bu'aa): ________________

| Maqaa Daldalaa fi lakkoofsa bilbilaa | Maqaa fi Gosa oomishaa | Qulqullina oomishaa fi ulaagaa gabaa. | Yeroo (Waqtii) oomishni baayyee gabaattii barbaadamu | Hanga barbaadamu (Kgn) Yoom akka barbaadamu (guyyaa guyyaan ykn Torbaniin) | Bakka ittii oomis haamu | Gatii Kiiloon tokkoo itti bitamu (ETB/kg) | Haala kafaltii ittiin kafalamu | Yeroo kafaltii | Yeroo bittaa fi gurgurtaa rakoollee qunaman | Fedhii Daldalaa Garee kana irraa oomishaa bituuf jiru |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Obboo. Abdala Qasim (0917-xxx) | Moossee (Balaxe) | Gurguddaa | Gur- Bit- Mar | 120qt/torbaniin (1qt = 110kg) | Walisoo | 3.5 | Liqii | Torbani booda | Qulqulliini oomishaa gadiana dhaa | Yoo naaf fiddaani bituuf feedhiin qaba |
| Obboo. Kemal Husen (0911-xxx) | Moossee (Guddanne) | Xiqqaa - guddaa | Ama- Gur | 10qt/guyyaa guyyaan | Shewarobitii | 2.5 | Harkaa harkaan | Yeroo'um a bittaa fi gurgurtaa | Walitii fufinsaan dhiyeesuun ni barbachisaa | Masaa irraa bituuf feedhiin qaba. |
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | |



Akkaataa armaan gadii sadarkaa sadarkaan taaée hordofaa

# Kutaa 3

**Sa'aatii 2-3**

# Midhaan Irratti Xiyyeeffatamu Filachuu

## Kaayyoowwan

Bu'aa qorannoo gabaa miseensota garee birootiif qooduun sadarkaa jalqabaa filannoo midhaanii irratti xiyyeeffatamuu waan ta'eef gareen qonnaan bulaa gosoota midhaan adda ta'an gabaan fedhu adda baasuun filachuu ni danda'u.

## Tarrefama qabxiiwwan guguddoo

Bu'aa qorannoo gabaa gaggefame irratti hundaa'uudhan miseensonni garee waa'ee midhaan filatamanii irratti mari'achuun midhaan omishuuf xiyyeeffannoo argatan irratti waliigaltee ni uumu. Ogeeyyiin aanaa fi hojjetaan misooma hundaa adeemsa filannoo midhaanii irratti garee kanaaf gorsa ni kennu.

## Adeemsa Raawwii

### Sadarkkaa 1 *Yoom*

Hawaasaa naannoo yookin miseensota garee irratti xiyyeeffatamuu waliin taúudhan guyyaa fi saátii walgahiin itti gaggefamu murteessuu



### Sadarkkaa 2 *Eenyu*

Miseensota garee fi haadha/abbaa manaa isaanii hunda walgaíi irratti afeeruu.



### Sadarkkaa 3 *Eessatti*

FTC ykn bakka biro mijataa hawaasaatti dhi'eenyatti argamu.



### Sadarkkaa 4 *Maal irratti*

Bakka bu'oonni qonnaan bultootaa qorannoo gabaa gaggessan bu'aa qorannoo gabaa kana qonnaan bultoota birootiif akka qoodanii fi waraqaa filannoo midhaanii akka guutan gochuu.



### Sadarkkaa 5 *Akkamitti*

Gareen qonnaan bulaa kun ulaagaalee filannoo midhaanii irratti xiyyeeffatamuu irratti hundaúdhaan midhaan tarreeffaman keessa kan irratti xiyyeeffatamu filachuun faayidaa fi miidhaa qabu akka irratti mari'atan gaafachuu. Itti aansuudhaan, qonnaan bultoonni sagalee kennuudhaan midhaan lama akka filatan gochuu (Fuula itti aanu ilaala).



## Filannoo midhaanii haala dimokiraatawaa ta’een gaggessuu

☐ Waltajjii filannoo midhaanii irratti dubartoota afeeruu. Dubartoonni walgahii kana irratti akka hirmaatan guyyaa sanbataatti walga’ii gaggeessu-un filatamaadha.

☐ Odeeffannoo gabaa erga qooddatanii booda unka filannoo midhaanii guutaa. Hirmaattonni hundi baasii oomishaa dabalatee ulaagaalee bu’uuraa gabaa hubatanii fi haala qillensa naannoo ilaalcha keessa galchuun midhaan tarreeffaman omishuuf bu’aa tilmaamuun hanga hubatanitti ibsuu gaafata.

☐ Sagalee kennudhan midhaan yammu filatamu, miseensonni dandeettii qaban (hoggantoonni garee, nama daldalaa milkaa’aa ykn namoonni barnoota gaarii qaban) murtoo garee irratti dhiibbaa akka hin geessisneef qonnaan bultoonni gadi ilaalanii ija isaanii akka cufatan gaafadhaa (fakkii armaan gadii ilaalaa).



**Unka** - Unka filannoo midhaanii xiyyeeffannoo argatan itti guutamu

Gabatee armaan gadii unka filannoo midhaanii irratti xiyyefatamee keessatti guutamudha. Baay’inni midhaanii/akaakuu xiinxalamuu qabuu bu’aa qorannoo gabaa irratti hundaa’a. Haa ta'u malee, yeroo gaúuf fudhatu ilaalcha keessa galuu qaba. Midhaan qonnaan bultoonni gabaa irratti qoratan hunda xiinxaluuf yeroo baay’ee gaafachuu danda’a. Haalli kun yammu mudatu, midhaan balínaan xiinxalaman kanneen abdachiisaa ta’an qofatu filatama.

**Boca Filaannoo Midhaaniin Ittii Gaggeefamu**

Guyyaa : ____/____/________

Naannoo:________________________ Godina:________________

Aanaa:________________________ Maqa garee:________________

| Maqaa Midhaanii fi Gosa Isa | Nannoo kanaatii ni ynatama moo hin ynatamu | Muxxaanno o oomishu ni Qabduu | Yeroo fudhatu (Facaee hanga sasabamu) | Rakkoo ijoo yeroo Oomishaa | Oomisha giddugalesa gabaaf dhihaatuu Kun/Facasa | Gatii Gidduu galessaa Qar/kg | Galii waligalaa Qar/Facasa | Baasii Waligala Qar/Facasa | Tilmaamaa Bu'a qulqulluu Qar/Facasa | Gabaa Guddaa | Feedhii Gabaa | Sadarka |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |

# Boca Filaannoo Midhaaniin Ittii Gaggeefamu

Guyyaa : ____/____/________

Naannoo: __________________________ Godina: __________________

Aanaa: __________________________ Maqa garee: __________________

| Maqaa Midhaanii fi Gosa Isa | Nannoo kanaatii ni ynatama moo hin ynatamu | Muxxaanno o oomishu ni Qabduu | Yeroo fudhatu (Facaee hanga sasabamu) | Rakkoo ijoo yeroo Oomishaa | Oomisha giddugalesa gabaaf dhihaatuu Kun/Facasa | Gatii Gidduu galessaa Qar/kg | Galii waligalaa Qar/Facasa | Baasii Waligala Qar/Facasa | Tilmaamaa Bu'a qulqulluu Qar/Facasa | Gabaa Guddaa | Feedhii Gabaa | Sadarka |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |


# Boca Filaannoo Midhaaniin Ittii Gaggeefamu

Guyyaa : ______/______/__________

Naannoo:______________________ Godina:________________

Aanaa:______________________ Maqa garee:________________

| Maqaa Midhaanii fi Gosa Isa | Nannoo kanaatii ni ynatama moo hin ynatamu | Muxxaanno o oomishu ni Qabduu | Yeroo fudhatu (Facaee hanga sasabamu) | Rakkoo ijoo yeroo Oomishaa | Oomisha giddugalesa gabaaf dhihaatuu Kun/Facasa | Gatii Gidduu galessaa Qar/kg | Galii waligalaa Qar/Facasa | Baasii Waligala Qar/Facasa | Tilmaamaa Bu'a qulqulluu Qar/Facasa | Gabaa Guddaa | Feedhii Gabaa | Sadarka |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Moosee | Eyyee | Eye | Ebala/4ji'a | Dukkubaa late blight | 5,000 | 5 | 25,000 | 7610 | 17,390 | A Gabaa<br>B Gabaa | A Gabaa ku.50 jimata<br>B Gabaa | Gabaa nannoo xiqqoo |
| Shunkuritii Adamaa red | Eyyee | Eyyee | Hagayyaa /4ji'a | Dukkubaa (Downy mildew) | 4,000 | 12 | 48,000 | 6230 | 41,770 | C Gabaa<br>D Gabaa | C Gabaakun.100 kibxata<br>D Gabaakun.5guyy | Gabaa filatama hallu diimaa,jiddu |
| Raafuu euro | eyye | Eyyee | Okno./4 ji'a | Hawwannisaa | 10,00 | 2.7 | 27,000 | 5200 | 21,710 | A Gabaa<br>D Gabaa | A Gabaa kun.120 sanbata xiqqaa<br>D Gabaakun | Waan xiqqoo gabaa nannootti |
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | | |



Akkaataa armaan gadii sadarkaa sadarkaan taaje hordofaa

# Kutaa 4

**Walakkaa guyyaatiif**

# *Sagantaa facaasa omishaa fi baajeta barbaachisu karoorsuu*

## Kaayyoowwan

Sagantaa omishaa qopheessuun qonnaan bultoonni odeeffannoo bu'uuraa oomisha kuduraa akkasumas karoora baajata irratti akka kennan ni dandeessisa. Shaakala gaggesaniinis qonnaan bultoonni yeroo fedhii gabaa olaanaa itti argatan ilaalcha keessa galchuun karoora oomishaa hubachuu ni danda'u.

## Tarrefama qabxiiwwan guguddoo

Leenjii kanaan qonnaan bultoonni karoora oomishaa ni qopheessu, akkasumas fedhii gabaa midhaan xiyyeeffannoo argatanii ilaalcha keessa galchuudhan baasii fi buáa irratti xiinxala ni gaggessu.

## Adeemsa Raawwii

### Sadarkkaa 1 — Yoom

Garee qonnaan bultootaa waliin mari'achuudhan guyyaa fi sa'aatii walga'ii murteessuu.



### Sadarkkaa 2 — Eenyu

Miseensota garee fi haad-ha/ abba warrraa dabala-tee hundi isaanii akka hirmaatan afeeruu.



### Sadarkkaa 3 — Eessatti

FTC keessatti yookin bakka mijataa hawaasaatti dhi'oo jiru kamittuu gaggessun ni dandaá-ma.



### Sadarkkaa 4 — Maal irratti

Ani kan foyeesuu ykn jijjiru☐ gosa/ midhani, ☐ Qulqulina, ☐ bayinaa, ☐ yeroo sassabbi, ☐ Wara bittu, ☐ kanen biroo (adda basuu: )

Qonnaan bultoonni midhaanota xiyyeef-fannoo argatan irratti jijjiirama akkamii fiduu akka barbaadan eeyyamuu.

### Sadarkkaa 5 — Akkamitti

Qonnaan bultoonni jijjiirama akkamii fiduu akka barbaadan erga murteessaniin booda karoora oomishaa fi baajata ni qopheefatu.



Baasi Oomishaa

| Gosa | bayina | qarshii |
|---|---|---|
| | Kunt 5 | 3500 |
| | Kg 45 | 630 |
| | Kg 30 | 420 |
| | xarmusi 1 | 300 |
| | | 560 |
| | | 2200 |
| ③ Waliigala | | 7610 |

## Sagantaa facaasa omishaa qopheessuu

☐ Tokkoffaa irratti, qonnaan bultoonni fedhii gabaa ilaalcha keessa galchuudhan midhaan xiyyeeffannoo argatan irratti jijjiirama akkamii fiduu akka barbaadan ni murteessu.

☐ Ogeesotni Aanaa fi hojjetootni misooma hundaa gareen qonnaan bultootaa sanyii midhaanota filatamanii akka bitatan haala mijeessuudhaan baasii sanyii isaanii akka hir'atu haalaa mijeessu.

☐ Gurgurtaan garee qonnaan bulaatootaf dandeettii falmachuun sirreessuu gatii gabaa ni kenna. Hojjetootni misooma hundaa, qonnaan bultoonni yaadaafi fedhii isaanii akka kaasan haala mijeessuu qabu.

## Adeemsaalee raawwii hordofamuu

☐ Qonnaan bultoota fedhii isaanii irratti hundaa'uudhaan garee adda addaatti qooduu.

☐ Qonnaan bultootni sagantaa omishaa hojjetoota misoomaa waliin ni guutu. Qonnaan bultoonni dubbisuu fi barreessuu danda'an qonnaan bultoota dubbisuu fi barreessuu hin dandeenye deeggarsa taasisuu qabu.

## Hojiirra Oolmaaf Gorsa kennamu


☐ Hojmaata oomishaa hunda yeroon hojiirra oolchuudhan baay'ina fi qulqullina omishaa gabaan fedhu yeroo gatii olka'aan jirutti oomishuun barbaachisaa dha.





## Unka - Sagantaa facaasa Omishaa

Armaan gaditti kan jiru unka sagantaa omisha midhaaniiti. Duraan dursun qonnaan bultootni jijjiiramaafi fooyya'iinsa akkamii fiduu akka barbaadan murteessu, iskuweerota walgitan gubbaa kalaandarii irratti mallattoo kaa'uudhaan. Sana booda tokkoon tokkoon tarkaanfii oomishaa midhaan xiyyeeffannoo argate guyyoota murtaa'an guutu; guyyaa dhaabbii, gubbaatti naquu fi gabaaf dhiyeessu. Akkasumas bifa kanaan oomisha isaanii erga gurguranii booda adeemsa oomishaa gamaaggamuu fi bu'aa eegamu argachuu danda'uu fi dhiisuu isaanii ilaaluuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Yoo hin taane, wantootni bu'aa irratti dhiibbaa geessisan maal akka ta'an xiinxali (oomisha gadi aanaa, gatii tokkoon tokkoon omisha gadi aanaa fi kkf).



# Qonnaan bultoonni dandeettii raawwachuu ni horatu

3





Akkaataa armaan gadii sadarkaa sadarkaan taaée hordofaa

**Kutaa 5**

**Sa'aatii 2-3**

# Leenjii maasaa qonnaan bulaa Keessaa Gaggeessuu

## Kaayyoowwan

Leenjiin maasaa qonnaan bulaa keessaatti gaggefamu leenjii fedhii irratti hundaa'ee midhaan omishtotni filatan irratti dandeettii fi beekumsa tooftaa oomisha qabatamaa qonnaan bultoonni akka qabaatan kan dandeesisuudha.


## Tarrefama qabxiiwwan guguddoo

Dandeettii, tooftaa fi beekumsa misooma midhaan qonnaan bultootan filatamanii irratti barbaachisan barachuuf leenjiin kun qabatamaa ta'ee maasii qonnaan bultootaa ykn naannoo hawaasni argamutti gaggeeffamuu qaba. Dandeettii, tooftaa fi beekumsa misooma midhaan filatamee hojmaata guutuu barachuuf leenjiin kun qabatamaa ta'ee maasii qonnaan bultootaa ykn naannoo hawaasa dhióo taétti gaggeeffamuu qaba.

## Adeemsa Raawwii

### Sadarkkaa 1 — Eenyu

Qonnaan bultootni filataman, yoo danda'ame haadha warraa isaanii waliin ta'uun.




### Sadarkkaa 2 — Yoom

Garee qonnaan bultootaa waliin irratti mari'achuudhaan sagantaa leenjii fi guyyaa murteessuu. Guyyaa ayyana amantii irra buúu hin qabu.



### Sadarkkaa 3 — Eessatti

Bakki leenjiin kun itti gaggeeffamu maasii qonnaan bulaa irratti ta'uu qaba. Qonnaan bultoonni lafa qonnaan bulaa moodeela/FTC keessatti leenji'uuf yoo walii galan, bakka waliigaltee irra ga'ametti leenjiicha gaggeessuu.



### Sadarkkaa 4 — Maal irratti

Qaawwa teeknikaa adda bahan sirressuuf tooftaalee misooma bu'uuraa midhaanota filatamanii fi beekumsa barbaachisaa toánnoo ilbiisa fi dhukkubaa irratti kennuudhaan guutuu.




### Sadarkkaa 5 — Akkamitti

Odeeffannoo fi hojmaata teeknikaa barbaachisoo ta'an kennuudhaaf meeshaa leenjii "Kamishibai" jedhamu fayyadamuu. Leenjii Kamishibai dhan deggeramuudhan kennameen booda hordoffiin itti fufiinsa qabu barbaachisaa dha.



## Leenjii dirree keessaa gaggeessuu

☐ Kamishibai (meeshaalee eksteenshinii suura halluu qabu irratti hundaa'e) fayyadamuun ergaa teeknikaa qonnaan bultootaaf dabarissuu keessatti baayéen bu'a qabeessa. Odeeffannoon teeknikaa hundi fuula suuraa duubaa irratti waan barreeffamuuf HMH meeshaa kanatti fayyadamuuf salphaadha.

☐ HMH leenjii dirree keessaa akka tajaajila ekisteenshinii idilee isaaniitti gaggeessuu danda'u. Yoo barbaachisaa ta'e ogeeyyiin horticulture aanaa HMH akka teeknikaan ciman deeggaruun ni danda'ama.

☐ Hojmaata oomisha midhaanii, qabiinsa omisha boodaa fi tooftaa toánnoo ilbiisaa erga kennanii booda, HMH hojmaata bu'uuraa agronoomii agarsiisuus ni danda'u, garuu waan agarsiifamu  irratti qonnaan bultoota waliin mari'achuun barbaachisaadha.






## Meeshaalee Barbaachisoo taáns - “Kamishibai” akka meeshaa leenjii eksteenshiniitti

Kamishibai’ jecha Jaappaan yammuu ta’u hiikni isaas ‘paanaalii seenaa suuraa qabu’ kan flip chart fakkaatu jechuudha. Meeshaan leenjii eksteenshinii kun halluu guutuudhaan kan maxxanfamee fi haala qilleensaa hundaaf akka oolu pilastika haallu maleedhan kan samsamameedha. Fuulli duraa qonnaan bultoonni akka ilaala-niifi suuraa hedduu ni qabata. Fuulli duubaa ibsa suuraawwanii kan ibsu yoo ta’u, hojjettoonni ekisteenshinii sagalee isaanii ol kaasee qonnaan bultootaaf ni dubbisu.

**Fuula duraa**




**Fuula duubaa**




**Hiika Afaan Amaaraa**






**Hiika Afaan Oromoo**



# Sagantaa Salphaa

## Saamhda 1. Qorannoo gabaa gaggessuu (walakkaa guyyaa)

| Yeroo | Guyyaa 1ffaa |
|---|---|
| 2:30 – 3:00 | Galmee hirmaatotaa |
| 3:00 – 3:20 | Walbaruu hirmaatotaa fi ergaa baga nagana dhuftanii |
| 3:20 – 4:30 | Seensaa fi ibsa qorannoo gabaa<br>• Seenaa, kaayyoo fi akkaataa qorannoo gabaa itti gaggeeffamu<br>• Guca qorannoon gabaa ittiin gaggefamu ibsuu |
| 4:30 – 4:50 | Boqonnaa Shaayii |
| 4:50 – 5:20 | Shaakala qorannoo gabaa viidiyoo ilaaluu gaggessuu (garee 5 tti qooduudhaan gaggessuu) |
| 5:20 – 5:50 | Firii qorannoo gabaa hirmaatotaaf dhiyeessuu |
| 5:50 – 6:00 | Sagantaa guduunfaa |

## Saamuda 2. Qorannoo gabaa fi filannoo midhaanii irratti leenjii kennu (leenjii guyyaa 1)

| Yeroo | Guyyaa 1ffaa |
|---|---|
| 2:30 – 3:00 | Galmee hirmaatotaa |
| 3:00 – 3:20 | Walbaruu hirmaatotaa fi ergaa baga nagana dhuftanii |
| 3:20 – 4:30 | Seensaa fi ibsa qorannoo gabaa<br>• Seenaa, kaayyoo fi akkaataa qorannoo gabaa itti gaggeeffamu<br>• Guca qorannoon gabaa ittiin gaggefamu ibsuu |
| 4:30 – 4:50 | Boqonnaa Shaayii |
| 4:50 – 5:30 | Shaakala qorannoo gabaa yadaan gaggessuu (garee 5 tti qooduudhaan ) . |
| 5:30 – 6:00 | Argaanna (firii)qorannoo gabaa hirmaatotaaf dhiyeessuu |
| 6:00 – 7:00 | Laaqana |
| 7:00 – 7:30 | Barumsa filannoo midhaanii |
| 7:30 – 8:30 | Shaakallii filannoo midhanii |
| 8:30 – 9:00 | Gareen Ibsa filannoo midhaanii irratti ni kena |
| 9:00 – 9:10 | Ergaa fi yaadaa gudunfaa waaée filannoo midhanii |
| 9:10 – 9:30 | Boqonnaa shaayii |

Saamuda 3. Qorannoo gabaa, filannoo midhaanii, sagantaa omishaa fi sagantaa raawwii gochaan qopheessuu (leenjii guyyaa 2)

| Yeroo | Guyyaa 1ffaa | Yeroo | Guyyaa 2ffaa |
|---|---|---|---|
| 2:30 – 3:00 | Galmee hirmaatotaa | 2:30 – 3:00 | Galmee Hirmaatotaa |
| 3:00 – 3:20 | Walbaruu hirmaatotaa fi ergaa baga nagana dhuftanii | 3:00 – 3:30 | Ibsa rakkoolee xiinxaluu fi sagantaa omishaa qopheessuu |
| 3:20 – 4:30 | Seensaa fi ibsa qorannoo gabaa<br>• Seenaa, kaayyoo fi akkaataa qorannoo gabaa itti gaggeeffamu<br>• Guca qorannoon gabaa ittiin gaggefamu ibsuu | 3:30 – 4:00 | Shaakallii Xiinxala rakkoolee |
| 4:30 – 4:50 | Boqonnaa shayii | 4:00 – 4:20 | Boqonnaa shayii |
| 4:50 – 5:30 | Firii qorannoo gabaa hirmaatotaaf dhiyeessuu | 4:20 – 5:00 | Shaakallii sagantaa omishaa qopheessuu |
| 5:30 – 6:00 | Ergaa gudunfaa waaée qorannoo gabaa irratti kennuu | 5:00 – 6:00 | Buáa shaakallii dhiéessuu fi Gaaffii fi deebii |
| 6:00 – 7:00 | Laaqana | 6:00 – 7:00 | Laaqana |
| 7:00 – 7:30 | Barumsa filannoo midhaanii | 7:00 – 7:30 | Ibsa qophii sagantaa raawwii |
| 7:30 – 8:30 | Shaakallii filannoo midhanii | 7:30 – 8:30 | Sagantaa raawwii qopheessuu |
| 8:30 – 9:00 | Gareen Ibsa filannoo midhaanii irratti ni kena | 8:30 – 9:00 | Sagantaa qophaée gareen hundi dhiéessuu |
| 9:00 – 9:30 | Boqonnaa Shaayii | 9:00 – 9:10 | Sagantaa guduunfaa |
| 9:30 – 10:30 | Gaaffii fi deebii | 9:10 – 9:30 | Boqonnaa Shaayii |

## Saamuda 4. Qorannoo gabaa, filannoo midhaanii, sagantaa omishaa fi biqiltoota hojii hojjechuu fi sagantaa raawwii irratti ibsa gabaabaa oomisha midhaanii irratti kennu (leenjii guyyaa 3)

| Yeroo | Guyyaa 1ffaa | Yeroo | Guyyaa 2ffaa | Yeroo | Guyyaa 3ffaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 2:30 – 3:00 | Galmee hirmaatotaa | 2:30 – 3:00 | Galmee Hirmaatotaa | 2:30 – 3:00 | Galmee Hirmaatotaa |
| 3:00 – 3:20 | Walbaruu hirmaatotaa fi ergaa baga nagana dhuftanii | 3:00 – 3:30 | Ibsa rakkoolee xiinxaluu fi sagantaa omishaa qopheessuu | 3:00 – 3:45 | Misooma mosee |
| 3:20 – 4:30 | Seensaa fi ibsa qorannoo gabaa<br>• Seenaa, kaayyoo fi akkaataa qorannoo gabaa itti gaggeeffamu<br>• Guca qorannoon gabaa ittiin gaggefamu ibsuu | 3:30 – 4:00 | Shaakallii Xiinxala rakkoolee | 3:45 – 4:30 | Misooma timaatimaa |
| 4:30 – 4:50 | Boqonnaa shayii | 4:00 – 4:20 | Boqonnaa shayii | 4:30 – 4:50 | Boqonnaa shayii |
| 4:50 – 5:30 | Firii qorannoo gabaa hirmaatotaaf dhiyeessuu | 4:20 – 5:00 | Shaakallii sagantaa omishaa qopheessuu | 4:50 – 5:35 | Misooma shunkurtii diimaa |
| 5:30 – 6:00 | Ergaa gudunfaa waaée qorannoo gabaa irratti kennuu | 5:00 – 6:00 | Buáa shaakallii dhiéessuu fi Gaaffii fi deebii | 5:35 – 6:20 | Misooma Raafuu maramaa |
| 6:00 – 7:00 | Laaqana | 6:00 – 7:00 | Laaqana | 6:20 – 7:20 | Laaqana |
| 7:00 – 7:30 | Barumsa filannoo midhaanii | 7:00 – 7:30 | Ibsa qophii sagantaa raawwii | 7:20 – 7:50 | Gaaffii fi Deebii |
| 7:30 – 8:30 | Shaakallii filannoo midhanii | 7:30 – 8:30 | Sagantaa raawwii qopheessuu | 7:50 – 8:00 | Sagantaa guduunfaa |
| 8:30 – 9:00 | Gareen Ibsa filannoo midhaanii irratti ni kena | 8:30 – 9:00 | Sagantaa qophaée gareen hundi dhiéessuu | | |
| 9:00 – 9:30 | Boqonnaa Shaayii | 9:00 – 9:30 | Boqonnaa Shaayii | | |
| 9:30 – 10:30 | Gaaffii fi deebii | | | | |

jica